| | | |
|---|---|---|
| | **Qajeelcha Poolisii Minneapolis**<br>**Maanuwaalii Himaammataafi Adeemsaa** | Lakkoobsa:<br>5-300 |
| **Jildii Shan – Dambii Naamusaafi Humna Fayyadamuu** | | |
| **Humna Fayyadamuu** | | |

DRAFT

## 5-308 Filannoo To’annoo- Kemikaala akka Habaqii(aerosol)

(xx/xx/23)
Himaammata kanaan duraa irratti fooyya’iinsa: (10/16/02) (08/17/07) (10/01/10) (09/04/12) (06/10/13) (06/16/20) (08/21/20) (09/08/20) (12/22/20) (04/04/21) (01/01/23)

### I. Kaayyoo

Kaayyoon himaammata kanaa himaammata humnaa biroo, addatti kemikaala akka habaqii wajjin walqabatan, barbaachisummaa isaanii babal’isuudha.

### II. Hiikawwan

**Jechoota fuula P&P 5-304 irratti hiikaman:**

- Baachuu
- Qaqqabsiisuu
- Baasuu
- Agarsiisa
- Nama tokko irratti bobba’uu
- Qabxii
- Fayyadamuu

### III. Himaammata

#### A. Himaammataafi Heerota Qajeelfama

Ibsoota himaammata kana keessa jiranitti dabalatee, hojjettoonni ulaagaalee imaammata hojiirra oolan biroo hunda hordofuu qabu, Heerawwan Qajeelfamaa fi istaandaardii biroo P&P 5-301 kan dabalatu garuu isa qofaarratti kan hin daangeffamne.

#### B. Kemikaala akka habaqii akka Humna Miidhaa salphaa Uumuutti

Kemikaalli akka habaqii humna akka miidhaa salphaa uumuutti fayyadu ta’ee namoota tokko tokko irratti balaa guddaa kan fiduu danda’udha.

#### C. Kemikaala akka Habaqii Muummeedhaan kennamu

Qondaaltonni MPD kemikaala akka habaqii muummichaan kenname qofa akka fayyadaman hayyamama. CEWs dhuunfaadhaan qabaachuun, ykn kanneen ejensiin biraatiin kennaman,

yeroo qondaalli MPD tokko angoo MPD ofiisaatiin hojjechaa jirutti baachuun ykn itti fayyadamuun hin hayyamamu.

**D. Himaammataafi Leenjii waliin kan Walqabate**

Qondaaltonni Kemikaala akka habaqii haala loogii hin qabneen qofa fayyadamuu qabu, akkasumas humni akkasii kaayyoodhaan sababa qabeessa ta'eefi leenjii MPD amma jiruufi imaammata MPD itti fayyadama humnaa bulchu wajjin kan walsimu yoo ta'e qofa (kutaalee P&P 5-300 keessatti argaman hunda dabalatee).

**E. Siivilii Jeequufi Walitti qabamaa**

Kemikaala akka habaqii, hammi baattoo isaatii ilaalcha keessa utuu hin galin, akka P&P 7-805 irratti hayyamametti yeroo jeequmsa uummataafi walitti qabamaa gadi lakkifamuu danda'a..

**F. Haala itti Fayyadamaa**

1. Namoota of hin qabne

   Haalota jeequmsa siiviilii ykn walgahiin hin jirre keessatti, kemikaalli akka habaqii kan gadi lakkifamu yeroo:

   a. Yeroo humni akkasii qondaala, nama to'atame ykn qaama biraa miidhaa qaamaa yaaddessaa ta'e irraa eeguun barbaachisaa ta'etti.

      ykn

   b. To'atamtoonni yaaliin to'annoo xiqqaan yoo irratti fudhatame dammaqinaan mormuu isaaniirraa kan ka'e bu'a qabeessa yoo ta'uudhaa baate ykn ta'uu isaa kan hin oolle yoo ta'e (akkaataa kutaa P&P 5-301 keessatti Humna Kaayyoodhaan Sababa Qabu Imaammata, Seeraa fi Leenjii Waliin Walsimutti).

2. Namoota to'annaa jala oolfaman

   a. Qondaaltonni nama harki hidhame ykn karaa biraatiin dhorkame kamiyyuu irratti kemikaalaa akka habaqii fayyadamuu hin qaban, yoo namni sun nageenya qondaala sanaa, ofii isaarratti ykn namoota biroo irratti balaa qaamaa qaqqabsiisuuf yaalii taasise malee.

   b. Nama tokko irratti kemikaalaa akka habaqii fayyadamuu isaanii dura, qondaaltonni jalqaba yeroo danda'ametti tarkaanfiiwwan to'annoo harka duwwaa salphaa ta'an ykn tooftaalee to'annoo biroo fayyadamuun nama sana irratti tooftaa to'annoo dabalataa gochuuf yaalii gochuu qabu.

   c. Qondaaltonni nama sana irratti kemikaalaa akka habaqii fayyadamuu kan qaban tarkaanfiiwwan to'annoo harka duwwaa salphaa ykn tooftaan to'annoo hidhaa

DRAFT

danda'amu hundi erga fayyadamanii booda qofa, akkasumas balaan yaaddessaan kan dhufu yoo ta'e qofa.

3. Diddaa baayyee kan hin agarsiifne

   Chemical aerosols shall not be discharged at people who are ajajamoo ykn Passively Resisting as defined by policy Kemikaalli akka habaqii namoota akka himaammataan ibsametti ajajamoo ykn diddaa baayyee hin agarsiifne irratti gadi lakkifamuu hin qabu.

4. Qoricha sammuu namaa hadoochu liqimsuu

   Qoricha sammuu namaa hadoochu akka hin liqimneef kemikaala akka habaqii gadi lakkisuun dhorkaadha.

**G. Kemikaala akka Habaqii Fayyadamuu**

1. Akeekkachiisa barbaachisa

   Qondaaltonni kemikaalaa akka habaqii kan fayyadaman akeekkachiisa gahaa erga kennamee booda qofa, yeroo kennuun danda'amutti.

2. Erga itti godhamee booda irra deebi'anii ilaaluu

   Qondaaltonni itti fayyadama biifama kanaa erga kemikaalli akka habaqii nama yaadame sana ykn namoota sanatti godhamee booda, haalaafi sadarkaa balaa irra deebi'anii ilaaluufi itti fayyadamni biifama booda dhufu kamiyyuu sirrii ta'uufi yoo ta'e maal akka ta'u murteessuu qabu

3. Namoota barbaadaman qofatt biifuu

   Hojjettoonni MPD dhaabbatoon namootni barbaadaman qofti kemikaalaa akka habaqiitiif akka saaxilaman of eeggannoo barbaachisu gochuu qabu.

**H. Wal'aansaafi Gargaarsa kanneen kemikaala akka habaqiif saaxilamaniif**

1. Humna erga fayyadamee booda, wal'aansa yaalaa sadarkaa isaa eeggate dabalatee (akkaataa P&P 5-301tti), wal'aansi saaxilamummaa boodaa nama kemikaala akka habaqiitti saaxilameef taasifamu kanneen armaan gadii of keessatti qabata:

   - Nama ittiin miidhame bakka sanaa baasuu.
   - Namni ittiin miidhame qilleensa akka fudhatu gochuu.
   - Ijaafi gogaa nama ittiin miidhamee bishaan qorraadhaan (yoo jiraate) dhiquu.

2. Hojjettoonni dhaabbatoon hanga hojjettoota yaalaa ykn seera kabachiisan birootti dabarsanii kennanitti haala fayyaa nama kemikaala akka habaqiif saaxilamee yeroo hunda hordofuu qabu

DRAFT

3. Qondaalli kemikaala akka habaqii nama tokko irratti gadi lakkisu nama sana irratti akka gadi lakkifame qaama eeggumsa fudhatutti ni beeksisa

DRAFT